Barruu Walaabuu

Jildii 14ffaa



"Hiriyyoonnikoo heedduun Qaroo dhabuukoo waan yaadatannatti hin fakkaatu"

"Biyyoo Lubbuu qabu"



"Akeekkachiisa"





"Hooggansa Dadhabaa"



"Seenaa Istaafan Hawkiing"

BARRUU WALAABUU

Jildii 14ffaa

“Hiriyyoonni koo hedduun isaanii qaroo dhabuu ija kootiyyu waan yaadatan natti hin fakkaatu”

Bilaal Kabiirhuseen

Fuula 1

“Akeekachiisa”

Haataatunaaf Kabbadee

Fuula 5

“**Hooggansa Dadhabaa”**

Niimoonaa Biqilaa Soorii

Fuula 7

“Biyyoo Lubbuu Qabu”

Keenboon Abrahaam

Fuula 9

“Seenaa Isteefan Hawkiing”

Fayyeeraa Taaddasaa

Fuula 13

BARRUU WALAABUU

JILDII 14ffaa

Qopheessaan

Bilisummaa Shibbiruu

Odeeffannoof :-

Bilbila

09-20-23-72-93

09-29-42-87-59

Email

abbaaaraarsaa@gmail.com

Telegram

https://t.me/barruuwalaabuu/33

Face Book

Bilisummaa Shibbiruu

Hirmaattonni

Bilaal Kabirhuseen

Haatatunaaf Amoosaa

Niimoonaa Biqilaa

Keenboon Abrahaam

Fayyeeraa Taaddasaa

Saxaaxa Qolaa

Kennaa Balaay

09 19 00 91 94

Ergaa Barruu walaabuu

Barruun walaabuu fiigdees tirattee Jildii 14ffaa qaqqabdee jirti; haaluma kanaan imala hedduus, fuulduratti deemuuf Kaayyoon imalaa jirti. Isa kanaaf immoo akkuma kanaan duras itti jirtan dubbistanii yaadaaf qeeqa kennuun gama dubbistootaa immoo waan guddaadha.

Kaayyoo Barruu Walaabuu

Barruun walaabuu kan inni hundeeffameef Barreesitootaaf Aartistoota Oromoo kamuu dabalatee, namoota ogummaaf yaada faayidaa qabeessa qaban hirmaachisee yaada isaanii kanammoo hawaasaaf dubbistoota Oromoo qaqqabsiisuudha!

Hubachiisa

Barruun walaabuu nama kamuu bilisaan kan hirmaachisudha malee, yaadaaf kaayyoo murna tokkoo qofa kan calaqqisiisu akka hin taane bareechaa Hubadha!

Deeggarsa Barruu Walaabuu

Yaada asirratti dhiyaatu dubbistanii yaadaaf qeeqa nuuf laadhaa; akkasumallee hiriyoota keessan affeera!

Akkasumallee namoonni ogummaa saxaaxa qabdan deeggarsa nuuf ta’uudhaan nu faana hojjechuu dandeessu nu gargaaruuf teessoo qopheessaan nu quunnamaa!

Barruun walaabuu akka maxxanfamee harka nama hundaa gahuufis namoonni yaada qabdan nu cinaa dhaabadhaa; omisha keessanis gama kanaan beeksifachuu ni dandeessu



“Hiriyyoonni koo hedduun isaanii qaroo dhabuu ija kootiyyu waan yaadatan natti hin fakkaatu”

Bilaal Kabiirhuseen

(Qaroo dhabaaf ogeessa kiiboordii)

Akkam jirtu hordoftoonni barruu Walaabuu? Nageenyii keenya bakka jirtan maraatti isini haa qaqqabu!

Akkuma beekamu adduunyaa kana irratti dhalli namaa hiree garaa garaa fudhatee, gara dachee kanaatti dhufa. Isaan kanneen keessaa yoo muraasa ilaalle, namoonni qaama hir’atanii dhalatan ni mul’atu.

Haa ta’ullee malee, namoonni hir’ina qaamaa wajjin dhalatan hedduun isaanii, rakkinoota kana akka waan ittiin kadhachuudhaaf yookaan gargaarsa ittin gaafachuudhaaf yaadamee kennameefitti lakkaa’anii kanneen ittiin kadhatanii jiraatan hedduudha. Kunimmoo miira gadi aantummaa ofiif laachuudha malee, waanta balaa hamaaf nama saaxilu miti.

……...Guyyaa tokko galgala bilbila haaraatu naaf bilbilame; anis kaaseen nagaa gaafadhee, waan na barbaadeef gaafadhe. Namni kunis, hordofaa Barruu Walaabuu kan ta’ee fi nama qaroo dhabeessa akka ta’e naaf himee, yaadota jajjabinaaf qeeqa qabu naaf qoode.

Waan amanuuf namattu ulfaatudha. Anis akka barruu walaabuu irratti hirmaatu affeerraan, kabajan simate. Af gaaffii bifa barreeffamaan ergameef qubee tokkollee osoo hin dogoggorre naaf erge. Mee gaaffiif deebii nama kana wajjin taasifnetti dhiyaadha!

Kan qopheessee dhiyeesse, Bilisummaa Shibbiruuti. Dubbisa gaarii isiniin jenna!

Hayyee Jalqaba irratti baga gara Af gaaffii barruu walaabuutti nuuf dhufte!

Hayyee! Isinis baga nagahaan na eegdan! Barruun walaabuu carraa kana waan naaf kenneef, barruu kana galateeffachuun barbaada!

1.Seenaakee fi sadarkaa barnootakee gabaabbinaan nuuf ibsimee!

Maqaan koo Bilaal Kabiirhuseen jedhama. Kaniin dhaladhe godina Arsii aanaa roobeettidha. Umuriin koo akkuma barumsaaf gaheen, mana barumsaa addaa ijoolee qaroo dhabeeyii (ijaan hin agarree) Sabbataatti, barnoota koo sadarkaa tokkoffaa xummure. Barumsa koo sadarkaa lammaffaas asuma magaala Sabbataattin baradhe. Sana booda kolleejii barsiisoota barnoota fedhii addaatti barsisummaan leenji diploomaa fudhe. Sadarkaan barnoota kootii diploomaa yemmuu ta’u, hojiin koo amma irra jiru ogeessa muuziqa yookaan kiboordistidha.

2. Balaan qaroo dhabummaa haala kamiin si mudate?

Balaan qaroo ijaa haala sadiin nama muudachuu danda’a. Innis:-

a. Dhalootaan dura.
b. Yeroo dhaloota.
c. Dhaloota booda.

Maarree kan koo kunis rakkoo sadan kana keessaa 1ffaa fi 2ffaa ta'uu danda'a jedheen yaada. Maaliif yoo jette eergan dhaladhee akkanumattin of arge waan ta'eefi.

3. Balaa si mudateen wal qabsiisanii, maatiif firoonnikee, akkasumallee hiriyoonnikee Ilaalcha akkamii siif qabu?

Ilaalchi maatiin koo naaf qaban heddu namatti tola. Maatii kootiif qaroo dhabuun ijaa homaa jechuu akka hin taaneetti beekuu. Keessattuu Abbaan koo dhimma qaroo dhabuu ijaa kana reediyoon yeroo hedduuf namoota akka koo qaroo ija isaanii dhaban barnootaan bakka gurguddaa gahaan heddu wan dhaga'eef, qaroo dhabuun ijaa homaa akka hin taanetti natti himaa na guddise.

Hiriyyoonni koo hedduun isaanii qaroo dhabuu ija kootiyyu waan yaadatan natti hin fakkaatu. Maaliif yoo jette qaamoota miiraa koo isaan hafanitti sirritti sirnaan waanan fayyadamuufi. Kanarraan kan hafe hamma ta'e xinnoo xinnoo arguuf nin yaala. Fakkeenyaaf daandi fi waan na fuuldura jiru arguu niin dandaha.

4. Dandeettii addaa ati qabdu maalidha?

Dandeettiin addaa ani qabu ammaaf kana siin jechuu hin danda'u. Namoonni hedduun ogummaan amma ani keessa jiru kana, akka dandeettii addaatti yeroo isaan itti ilaalantu mul'ata.

Biyya teenna tana keessatti, haalli mijataan tokkollee qaama miidhamtootaaf osoo hin uumamiin hojii naaf kenname sirnaan hojachuun koo, harka namaa eeguu dhiisuun koo, fi haaloota kanneen moo'achuun biyya tana keessa jirachuunuu akka dandeettii tokkooti osoo fudhatamee natti tola.

5. Uummata Oromoo irraa gargaarsa akkamii barbaadda?

Uummanni Oromoo ogummaa kana irratti akka na jajjabeessanin barbaada. Istuudiyoo mataa kootii osoon qabaadhee, anis akka hiriyyoottan koottii, Aartii Oromoo keessatti ashaaraa koo buufachuu wantan barbaaduuf namooni humna qabdan yoo na deeggartan natti tola. Inni biraa uummanni Oromoo qaama midhamtootaaf ilaalcha gaarii akka qabaataninbarbaada.

Qaama midhamummaan abaarsa akka hin taanes akka naaf hubatanin barbaada.

Dabalataanis uummanni Oromoo hundi bakkaafii hojii irra jirtanitti qaama midhamtootaaf deeggarsaa fi tumsa barbaachisu hunda akka nuuf gootan maqaa Barruu Walaabuutiin isin gaafadha.

6. Qaroodhabdummaa akkamiin ibsita?

Qaroo ijaa dhabuun waan ittiin ilaalan dhabuu jechuu miti. Namni tokko qaroo ijaa qabaateef, ni arga jechuu hin dandeennu. Ijji qaamoota miiraa kanneen hafan waliin malee, kophaatti homaattuu hika kennu hin dandeessu. Kanaaf qaroo dhabdummaan ija qofaan yoo ta'e homaa jechuu miti.

7. ***Namoota biroo rakkoo akka kanaa qabaniif dhaamsa akkamii qabda?***

Namoota akka koof dhaamsi koo, isaan hojiirra jiraniif rakkoof harka akka hin kennine. Hojjii irra jirtanitti jabaadha kan jedhudha. Carraa argattan maratti

fayyadamuu hin dagatinaa! Yaada jedhun qabaaf.

8. ***Namoota qaroo dhabdummaaf saaxilamanii, dhalatan yookaan immoo, kan guyyaa keessa qaroo dhabuudhaan daandii gubbaa taa'anii, maallaqa kadhataniif dhaamsikee maalidha?***

Namoota akkasii kanin gorsu "barnoota barachuudhaan rakkoo keessan injifadhaa" jechuuniin barbaada.

Anis osoon barnoota argachuu baadhee, carraan kiyyas akkuma keessan ta'uu mala ture. kanaafidha "barnoonni furtuu jireenyaati" kan jedhameefi. Keessattuu hawaasa qaroo hin qabneef!

9. Dhimma dubbisuu fi og-barruu akkasumallee aartii irratti yaada akkamii qabda?

Dubbisuun nama guutuu godha jechi jedhu sun kan naaf gale ergan dubbisuu egaleeti. Dubbisuu waliin walqabatee, mee kanin dubbise irraa waan tokko siin jedha. Barreessaan kitaaba kanaa, Abdiisa Ejjataa Uuchee jedhama. Kitaaba isaa ***Rakkinni Haa Rakkatu*** jedhu keessatti akkana jedha. Fuula 67

Dubbisaan dubbii bareeda. Kan dubbisu waan dubbatu dhabee hin dhiphatu. Hammi dubbatus faara tolaan namaaf, liqimfama, humna jijjiiruu danda'uunis kan guutamedha. Dubbisuun haasawwaa nuffisiisaafi yeroon alaa daangaan ala taasisa. Quba namatti qabuu hir'isiisee of baruuf karaa saaqa.

Of barraan immoo waanti hin dalagamne hin jiru. Kan of baree naannoo jiraatu keessatti jireenyaa hiikkaa qabu jiraata. Naannoo isaafis bu'aa malee ba'aa hin ta'u. Kanaafi dubbisuun nama guutuu godha kan jedhameef.

Og-barruun Oromoo bara dheeraaf cunqurfamaa turuun isaa nama jalaa wan dhokatu miti. Haaloota kana keessa darbee hara asgahuun isaatu waan dinqisiifamuu qabuudha.

Barreesittoonni keenna hedduun isaanii faayidaa isaani bukkeetti dhiisudhaan kitaaboota adda addaa yeroo isaan bifa pdf tiin dubbiftoota oromootiif gadi dhisantu mul'ata.

Kanaafuu haala amma irra jiru kanaan yoo kanitti fuufu ta'e og-barruun oromoo sadarkaa barbachisu irra akka gahu shakkii hin qabu. Nutis dubbiftooni waan isaan nuuf gumaachan kana sirritti dubbisuun kaayyoo barresitoota keennaa galmaan gahuu qabna.

Aartii keenna kan gara biraa yoon ilaalu kan ogummaa fakkii yoon beekullee baadhe kanneen hafan irratti akka odeensii tokkotti yaada kennuu niin dandaya. Wallewwan oromoo baroottan dhihoo kessatti hedduminaan hojjatama akka jiran niin beeka.

Haa ta'u malee, qulqulinni walaloofi muziqa hanga silaa guddachuu qabu guddateera jedhee hin amanu. Tiyaatiriin oromoo jira jechuufuu nama rakkisa. Fiilmiin keenya kan saba biraa woliin yemmu ilaallamu calqabbiirra jira jedheen yaada.

10. Qubeessuu irratti dandeettii akkamii qabda?

Qubeessuu irratti dandeettin koo heddu bareedaas ta'uu baatu, homaa hin jedhu.

11. Dhuma irratti waan dhaammachuu qabdu nuuf himi!

Dhuma irratti uummata oromootiin wantiin jechuu barbaadu tokkummaa qabaadhaa beekaa kessan kabajadha. Kessattuu kitaaba hiriyyaa keessan godhaa! Dhaloonni qubee dubbisuu aadaa keenna haa godhannuun dhaamsa kooti.

Barruun walaabuu carraa kana waan naaf kenneef, qopheessaan barruu kanaa Bilisummaa Shibbiruu galata gudda argadhu! Barruu kana namoota hordofan keessaa ani nama tokko. waanti ati barruu kana irratti qopheessitu heddu namatti tola ulfaadhu! Hirmaattonni barruu kanaas beekumsa nuuf kennitaniif galata qabdu.

Dhuma irratti namoonni Bilaal quunnamtanii, gargaaruuf jajjabeessuu barbaaddaniif

Bilbila sochii

0913063800

Sabbataa Oromiyaa



“Akeekachiisa”

Haataatunaaf Kabbadee

(Waloo)

Asiif achi hin fiigiin
Ejjennoo qabaadhu
Hunda hin fakkaatin
Murnakee filadhu

Halluu hin jijjiiratin
Akka gaararaadhaa
Hundas hin fayyadin
Maal ati meeshaadha?

Deemsaaf ilaalchakee
Akeekadhuu areedi
Irra keessaan miti
Gar-keessa bareedi

Afaan mi'eefattee
Maaliif jetta damma
Arrabni gowwomsaa
Baaduun isaa dhama

Karaan sobaan darban
Galatti nama dhibdi
Fakkeesuun kunis
Hin turtu borbadi

Kanaafuu atimee...

Humnaaf beekumsakeen
Tajaajili lammiikee
An siif jira jedhii
Onnachiisi biyya kee

Ergamtuu, bitamtuu
Basaastuu maa taata?
Coba imimaan harmee
Maa nyaata galfata?

Lakki hin nyaatin hirmii
Lixxee mana gumaa
Aantiidhuma wayya
Alagaan alaguma

Irraan gadee malee
Lagni ol hin yaa'u
Qomoo ofii malee
Ormi namaa nahu

Dhumni gantuu yoom bareede
Argineera goobanaan
Biyya gurguruu isaaf

Isa abaara seenaan

Harkis dabaree wal dhiqa
Siirriitti qulqullaa'uuf
Tokkoomuun dirqama
Kaayyoo galmaan ga'uuf

Olola diinaa dhageessee
Hin faffacaasiin maatii
Utubaa ta'ii dhaabi
Mana abbaa keetii

Ati bar shawwaadha
Animmoo wallaggaa
Bareedi keenyayyuu
Eessatti wal arga?

Ani harargeedhaam
Natti hindhufin Aarsi
Kophaakoon jiraadha
Narraa of fageessi

Jennee wal qoqqooduun
Haa ga'u kanarra
Oromoon tokkuma
Godaa hamma gaaraa

Qaawwa keenya mul'ifnnee
Maa seensifna qilleensa
Karaan qofa qofaa
Badiitti nu geessa

Madaa walii keenyaa
Maa dhiigsina sabaa

Wal ta'uun yoo dhibe
Bilisummaan soba

Eelaamee...

Godoo gandummaa diignee
Ijaarra masaraa tokkummaa
Waliif waliin jiraachuudha
Hiikni oromummaa

Yaadannoon sammuu keenyaa
Hirbuun gootota shinniiggaa
Keenyan ta'ee nuhaa dhaabu
Karaa bitaaf Mirgaa!!!



“**Hooggansa Dadhabaa”**

Niimoonaa Biqilaa Soorii

(Barsiisaa)

Hooggansi dandeettii gaafata. Arraba Dhugaa dubbatullee ni barbaada. Abalu arraba qabaaf as dhufe, yeroo jedhan jira. Arrabni bakka sana isa fide sun deemee deemee isa milkeessuu yoo dadhabe, ufumaan kufaatii hamaa keessa galuu danda’a. Hooggansi tokko keessatti hojjetaan isa jala jiru garaagartummaa uumu hin qabu. Kan uumu yoo ta'e hogganichi karaa irraa maquu danda’a. Hoogganaan tokko namoota isa jala jiran maal akka ta'e beekuu qaba.

Jechuun hojjettoonni hooggansa tokko jala jiran walii walii isaanitti garaa garummaa uumu Malu. Kan qaama hooggansaatti maxxananii, silmi caalaa waa xuuxan Hin dhibamani. Warri kun immoo gufuu hamtuu ta'uu dandaha mana hojii tokko keessatti. Qaamni hooggansa irra jiru namoota kana of jala qabatee kan imalu yoo ta'e innumti iyyuu dhiiga isaanif arjoomu hin didu. Daangaa hooggansaa keessatti wanti adda bahee beekamuu qabu, hoogganaan tokko namoota hunda ija tokkoon ilaalee hin bulchu taanaan, akka gufuun isa mudatu innumti mataan isaayyuu ni beeka.

Kkkkkkkkkk nan kolfa. Yoon kolfe rakkina Maal qaba jettaniiti. Mana hojii tokko keessatti hoogganaan arraba lama, sadii, afur fayyadamee nan bulcha jedhee walii walii isaanitti jechoota hin fakkaanne fi isa tokko irratti yoo kakaase, jechoota sobaa funaanee, yeroof amansiisee turee bulee dhugaan ulfoofte ni dhalatti. Erga dhugaan dhalattee booda deebisanii kabaja ganamaa argachuun 100% Hin danda’amu.

Kanaaf hooggansa tokkorraa wanti fayyadu hagam dadhabaa haa ta'u cimaa, Dhugaa jirtu walitti himanii imallaan wanti hin furamne hin jiru. Kana malee ani akkan barbaadettin bulchaan Hin dandahamu. Namichi tokkotu gabaa keessatti kufe. Itti kolfan. Agartanii, kan kufe nama biraadha, maaliif kolfuun barbaachisee? Darbees namichi nama dhabe kan ol isa qabu jechuuf gabaa keessatti kufe. Nama dhabee osoo hin taane, fira dhabe. Silaa osoo fira qabatee, yooma ta'ellee itti hin kolfamu ture. Dhaabbatee hin ilaalu, ol qabuu mala ture. Agartanii hooggansis akkasuma isa durii waadaa gale sana irraa gorraan akka namicha kufeeti.

Namichi kufe fira dhabnaan itti kolfan, hoggansi kufe dhugaa dhabnaan itti seeqani. Akkuma namaaf firri jiru hoggansaaf immoo dhugaatu jira. Hoogganaan tokko akka nama dirree waraanaa deemee, jeneraala ta'ee waraana

kana dirqama yoo mo’uu baate, marfamee du'uu mala. Kanaaf dirqama dandeettii qabu fayyadamee, waraana sana injifachuudha. Hoogganaan isa akkuma jeneraala dirree waraana sanaa Dhugaa qabatee ka'ee, Dhugaa jirtu sana agarsiisuudha. Soba qabatee kan deemu yoo ta'e, akkuma dirree waraanatti injifatamanii lubbuu dhaban, kunis sabaa fi hojjettota isaan jibbama. Darbees hojiirraa gaggeeffamuu mala. Kanaaf akkuma imaanaan fuudhe imaanan deebisuu qaba. Dhugaa armaan olii kana hunda himuun immoo nama boonsa malee nama hin leeyyasisu.



“Biyyoo Lubbuu Qabu”

Keenboon Abrahaam

(Barreessaa)

…….Daree barnootaatii baate, simbo qabeessa barsiisaa’shee waliin turtee, isuma waliin irbaata nyaachuun takka wal bira turanii xabatanii, gara ‘Doormii’ isheetti galte. Erga isa faana wal bartee barnootatti akka durii hin dhiphattu; sababni isaa yoo qabxii gadaanaa fidde akka isa waliin daftee gaa'ila dhaabbattu waan walitti himaniif dhiphina biraa hin qabdu.

Hiriyootni ishee hundi mana dubbisa kitaabaa seenaniiru. Ammas isheen qorri hammaataa waan jiruuf uffata qorraa marattee, ciisicha ishee keessa dhokattee ‘Teelegiraamii’dhaan isa haasofsiisaa utuu jirtuu, hirribi fudhatee godaane. Bilbilli ishee garaa ishee jalaa quuqnaan, ol buttee mataashee gararraa boraatii jala kaassee ‘sillim’ jette. Yeroo hedduu biyyoon isheetti haa salphatu malee harmeen Simboo abjuudhaan dhuftee ishee gorsiti.

Har'as nyaarashee gudunfitee gara isheetti utuu adeemtuu argite. “Simboo koo” jette. Isheenis sagalee marartee qabuun jalaa owwaannaan, "Na dhaga'i adaraa har’as sin gorfadha, yaa ilmoo koo; ati kaayyoo keetiif dursa laachuu qabda. Nama irratti hirkattummaa shaakaluu hin qabdu. Dhiirri tokko dhaabbii gaarii kan qabu, fuulli isaa namatti kan tolu, qomniifi gateettiin isaa, akkasumas quboonni isaa akka albuuda miidhagee hojjetamee kan nama hawwatan, qarshii akka barbaadetti hammaaree kan fayyadamudha haa jennu. Amalli inni gaafa si argu mul’isu baay’ee gaarii yoo ta'e, gaafa si biraa deemu jireenya kan biraa waan namatti hin tolle jiraata yoo ta'e si gowwoomsaa jira. Bor gaafa bultii waliin ijaarrattan akkamitti umurii dheeraa jiraattu? Namni kun hidhata gaa'ilaa dhaabbachuuf durba tokko yeroo barbaadu, miidhaginni ishee qofti filannoo isaaf ta'uu hin danda'u.

Gaa'ilaaf jireenya waliin hafee jiraatu qabaachuuf miidhaginni eenyummaa waliin walitti hidhamuu qaba malee, qobaa isaatti ulaagaa filannoo ta'uu hin danda'u. Mee Simboo koo ilaali. Kutaawwan jireenya keetii ajaa'ibsiisoo, baay’ee mimmiidhaganii hawwisiisoo kan ta'an eenyummaa keessa keetii fi ejjennoo kee utuu hin dabalatiin kaadhimummaafi, waantota ati ittiin booontu ta'uu hin qabani.

Rifeensa mataa keetii hamma qeensa miilla keetti miidhagduu yoo taate iyyuu,

bareedduu bareeddotaafi miidhagduu miidhagdootaa yoo taate illee ejjennoofi kaayyoo hin qabdu taanaan, simboon kee kun hundumtuu kan akkasumaaniiti. Kutaa jireenyaa ati ittiin boontu keessaa, rifeensi mataa keetii gatiittiif qoma keerra gadi jigee, daabee filatamaa yoo fakkaate iyyuu, michummaafi, jaalalli kee yoo qullaa ta'e rifeensi kee kun golguu hin danda'u. Hidhaan jaalalaa yoo laafee jiraate rifeensi hammam miidhagu hidhaa jaalalaa ta'uu hin danda'u. Manni isin ijaarrattan yoo diigame ati qilleensa irratti hafta. Hiriyoota kee biraa amma of hambisaa waan jirtuuf, baatee galtus harka namaa eeggatta. Irraa hamma gadiitti warqee yoo uffatte iyyuu, miidhaginni kee kun akka warqeetti gurguramee qaala'insa jireenyaa si kuffisuuf jedhe keessaa si baasu hin dandaʼu.

Hidhii akka nadhii dammaa lola'u hawwisiisoofi miidhagoo ta'an yoo qabaatte iyyuu, dhiira abbaa fedhe akka maagineettiitti ofitti yoo harkisan iyyuu, hidhiiwwan kee kun biddeen waan hin taaneef, nyaatamanii beela nama hin baasan. Damma waan hin taaneef arraabamanii jireenya namaa hin ijaaran. Dubbii arraba kee waliin wal ta'anii nama kee sana araarfachuuf yoo yaaltu, ittumaa iyyuu gatiin hidhiwwan kee kanaa isa biratti rakasa ta'aa deema. Quba alangaa fafakkaatan yoo qabaatte iyyuu, dhukkubniifi rakkoon yoo sitti dhufe reebanii sirraa deebisuu hin danda'ani. Qeensi quba kee irraa meetii harka toleessi hojjete yoo fakkaatan iyyuu, quba isa irratti uumaman sana waliinis miidhaginni isaanii hamma namni hundi malaalchifatutti yoo ga'e illee, gaa'ila kee keessatti homaa bu'aa gadaanaa qabaachuu isaa gaafa argitu ofuma keetiif murtee balleessita. Isaan akka qoraattiitti nama waraanu malee bu'aa hin qabani.

Funyaan akka piraamidiitti dhaabatee miidhagu kana yoo qabaatte iyyuu, yemmuu utubaa jaalalaa keetti qormaanni dhufu, funyaanni kun ni kufa malee utubaa ta'ee gaa'ila kee sana hin dhaabu. Waan seenaa ta'us siif hin hojjetu. Akka dhukkuba alaarjikiitti ukkaamsee yoo si dhiphise malee bu'aa kanarra darbe siif hin qabaatu.

Miidhaginni isaa ragaa addaa kan hin barbaanne, akka urjiilee kan ifaniifi, fagoodhaa kan nama hawwatan ija mimmiidhagoo yoo qabaatte, ijji kunneen haalota borii dursanii ilaaluu hin danda'ani. Bakkuma jiranitti boolla ijaa keessa naanna'anii, ‘cul cul’ jechuudhaan hunduma yoo hawwatan iyyuu, keessa keetti ejjennoofi kaayyoo borii hin qabdu taanaan, durba ijji ishee ‘cul cul’ jettu, ijji qalbii inni keessa isheetii waan gara fuula duraa fageessee kan argu, fageenya irrattis tilmaamuu kan dandeessutu sirra filatama. Gaafa sana ati ishee miidhagina isa alaan caaltu utuu qabduu gatamtee kophaatti hafta.

Ilkaanonni kee warreen waan ogeessi miidhagsee itti dadhabee ijaare fakkaatan, seeqa kee waliin yemmuu walitti eda'aman ergamtuu waaqaa malee dhala namaallee kan sin fakkeessine hundumtuu, ejjennoofi kaayyoo hin qabdu taanaan akka loltoota hamoo foon namaa kukkutuuf hiriiraniitti lakka'amu. Budaa taʼanii si nyaatu; Guulloo jiruu ofii!

Mucaa durbaa tokko gaa'ela dhaabbachuuf kan gargaaru, gaa'elli sunis jaalalaan golgamee fiixaan ba'insa akka qabaatu kan godhu, miidhagina qaama ala isheetii utuu hin taane, miidhaginaafi, eenyummaa

keessa isheetiidha. Ejjennoo fi kaayyoo isheedha. Miidhaginni bor darbu gaa'ilaaf waan dabalu tokko iyyuu hin qabu. Waantoti dhumuuf jiran, miidhaginni, jireenyi abbaa sanas ta'u isa kaanis in gufachiisa. Atis Simboo koo, akkuma maqaa kee Simboofi kuula uumamaatiin faayamtee ana haadha kee fakkaattee uumamtee jiraachaa jirta. Miidhagina kee kana amanattee, hiriyaa kee isa si waliin guddate gantee mooraa barnoota olaanaa erga seentee barsiisaa kee kan qabeenya qabu, miidhagina qabutti hirkachuuf, barnoota kee addaan kuttee, gara hirkattummaatti seenuuf jetta.

Bor gaafa mana dhaabbattu simboo kee kana ilaalanii, hiriyooti abbaa warraa kee si hawwuun waa hin oolledha. Sossobbii isaaniin gowwoomtee, ciisicha abbaa warraa kee waliin qabdu kabaja dhowwattee of salphisuutti adeemta. Sana booda abbaan warraa kee sunis si hiika. Gaafa kana gara itti gortu wallaalta. Utuu ija qabduu jaamta. Utuma gurra qabduu duudaa taata. Gaafa sana ***biyyoo lubbuu qabu*** taatee argamta. *Biyyoon kee sun siif hin jilbeenfatu. Gatii hin qabu, hin gurguramus hin bitamus. Akkas rakasta jechuudha beeki.*

Nama hundatu quba sitti qaba. Utuu qaama fayyaa qabduu naafatta. Kanaaf eenyummaa kee isa keesaaa tolchuu irratti xiyyeeffadhu! Si ga'a yeroon kee hin dabarre, atis akkuma koo abbaa warraa kee salphistee, harka namaatti miidhamtee dhala kee obbolaa malee hambistee dararamaa hafuurra jettee, akkuma ana haadha kee of ajjeestu hin barbaadu. Madaan sun ana irratti haa dhaabbatu. Qalbii kee sassaabbadhuutii barnoota kee baradhu. Of danda'i, sana booda hiriyaa kee isa si madaalu sana waliin bultii dhaabbattee qaanii malee jiraatta.

Qabeenya ati ofii keen xaartee argattetti kan si qaanessus hin jiru. Amma dammaqi sagantaafi, karoora haaraa baafadhu" jetteen. Simboonis imimmaan lolaasaa, lafa ciiftuu ol kaatee qorra keessa uffata halkaniin ala baatee, teessuma dhagaa irraa bocamerra taa'uun, uffata mudhii olii jalaan garaa ishee qaqqabachuutti kaate. Edaa ulfooftee jirti! Amma akkam gooti? Ulfa sana baasuu? Moo barsiisaa sanatti heerumee bultii dhaabbadhu? Yaada isheeti.

Bokkaan yandisee roobuu eegaleera. Hiriyooti'shee mana dubbisa kitaabaatii ba'anii galuuf yeroo doormiitti dhiyaatan bokkaa keessatti Simboo arganii, iyyanii akka kaatee isaan duukaa buutuuf waaman. Isheenis ofitti deebitee utuu adeemaa jirtuu, mucucaattee kufte. Kanumaan mana yaalaa yeroo deemtu akka ulfi ji'a sadii sun irraa ba'e itti himani. Maal jettee jaalallee ishee kan ture barsiisaa sanatti akka dubbattu wallaalte. Haala ishee mudate hunda hubachiistus amanuu hin dandeenye. Ammas yeroo lammataaf utuu hin turiin ulfoofte. Dogoggora hamaa. Boolla tokkotti yeroo lama waraanamuun kana.

Gorsa haadha isheen utuu dararamtuu, waaqni kiyyoo ishee duraa keessaa baasnaan ammas yeroo lammaffaaf dogoggorte. Sodaa irraa kan ka'e lafa lixxu dhabde. Ulfishee guddachaa yeroo dhufu barsiisaa Surraa waliin akka mana tokko galanii waliin jiraatan gaafatte. Inni garuu yeroo naaf kenni! amma haalan mijeeffadhun qaba jedhee waakkate. Ganni geenyaan maatiitti galuu baqattee, achuma magaalaa Hararii kutaa tokko kireeffattee jiraachuu eegalte. Qarshii jaalalleenshee

Surraan waan kennuufiif hin yaaddoftu turte. Amma garuu inni ishee dhiisee barnootaan utuu isheetti hin himin gara Hindii deemuu dhageenyaan dacheen ittiin dukkanoofte. Galgala sana naasuun dhukkubbiin garaa itti hammaatee jennaan, gara hospitaalaatti warri mana itti kireessan ambulaansiidhaan fuudhanii deeman.

Kutaa da'umsaa seentee, yeroo ilaalan da'umsaaf amma illee ji'a lamaafi turban sadii qabdi garuu, bishaanni gubbee dhangala'ee jira. Hedduu dhiigde. Amma dhiigni waan barbaachisuuf ogessonni yaalaa nama ishee beeku barbaadanii dhaban. Waan godhan gaafa dhaban, ogeessota hunda marii teessisani Ogeessi kutaa qorichaa kan dhiyeenya ramadame tokko dhiigni isaa O waan tureef, lubbuu haadha kanaa oolchuuf dhiiga akka kennuuf mallatteesse. Gaafa dhaqee kutaa isheen ciistu seenu, ogeessi ishee ilaalaa jiru, daa'imni ishee akka lakkuu ta'aniifi, carraan hafuu isaanii dhiphaa ta'e haasa'aa, ogeessa qorichaa dhiiga kennuufiif dhufe sanaan, yoo Waaqni nu gargaare galgala kana sa'atii 3:00 irratti baqaqsinee ijoollee ishee baasuun meeshaa daa'imman yeroo malee dhalatan keessa turan keessa tursiisnee, hamma ji'a isaaniitti eegna jedhe. Kana giddutti hubatee yeroo haadha ciisaa jirtu ilaalu, isheenis ol jettee ijashee yandoon imimmaanii gurraachesse sanaan ilaalte.

Kutaan sun lamaan isaaniitti gaggalagale. Waan jedhu dhabe. Simboo, jaalallee isaa waggaa lama dura inni carraa barnootaan hojii dhabee jooraa utuu jiruu waadaa isaa gantee nama biraa akka jaallattuufi, inni akka isa hin madaalle itti himtee galgalaan bilbila gurra irratti cufte sanadha. Rukutuuf nama itti fiigaa jiru fakkaata. Hidhiisaa ciniinnataa, irratti lafa dha'ee "Ani amma illee sin jaa..ll..adhaam" jedhe. "Lakki ani BIYYOO LUBBUU QABUDHA siif hin ta'u" jettee ofirraa darbatte. Kana gidduutti gilukoosiin harka ishee irraa dhiiga ol deebise. Du'uuf imala jalqabdeetti. Ogeessonni fayyaa irratti wal gegeddaranii, yaaluu eegalan. Carraan hiriyaansaa durii kan isa gante akka du'aa jirtu argee, kutaa qorichaa keessatti of fannise. Gaafa qoricha isa biraa fuudhuuf dhufan of rarraasee jira. Achirraa gadi buusanii gaafa ilaalan lubbuun keessaa hin bane. Ogeessi isas fuudhee utuu gara kutaa ciibsanii yaalanitti utuu deemuu, waci gurra na guute.

Ka'i yeroon kaaffee sitti darbeera amma yoonaa raftaa? Qormaata akka ganama kana qabnu hin dagattee jedhanii na dammaqsan. Edaa sun hunduu abjuu koo ture. Ani amma illee Yuunversitii Mattuu, Doormii barattoota Saayensii Hawwaasaa (Social) gama Tullubbeen jira! Safuudha; ***"BIYYOO LUBBUU QABU"*** jedheen dabtara yaadannoo koo irratti katabee fuula dhiqachuuf ba'e.



“Seenaa Isteefan Hawkiing”

Fayyeeraa Taaddasaa

(Barataa)

(1942-2018tti)

Isteefan Hawking saayintistii hojii boolla gurraachaafi relativity waliin hojjeteen beekamu yoo ta'u, barreessaa kitaabota saayinsii beekamoo akka 'A Brief History of Time' ti.

Isteefan Hooking Eenyu Ture?

Isteefan Hawking saayintistii, piroofeesara fi barreessaa Biriteen yoo ta'u, fiiziksii fi koosmooloojii irratti hojii bu'uuraa hojjete. Kitaabonni isaas saayinsiin akka namaaf hubatamu nama taasisu.

Yunivarsiitii Kaambiriijiitti koosmooloojii yeroo baratu, umriin isaa waggaa 21 dha. Baruma kana keessa dhukkuba ***amyotrophic lateral sclerosis (ALS***) jedhamuun qabame. Kutaan seenaa jireenya isaa fiilmii bara 2014 The Theory of Everything jedhamu keessatti agarsiifameera.

SEENAA JALQABAA

Hawking Guraandhala 8, 1942 biyya Ingilizii magaalaa Oksifoorditti dhalate. Guyyaan dhaloota isaas waggaa 300ffaa du'a Galiiloo Galiilee ture yeroo dheeraaf hayyuu fiiziksii beekamaa kanaaf madda boonsaa ture. Ijoollee Frank fi Isobel Hawking afran keessaa hangafa kan ta'e Hawking maatii haala jireenyaa gaarii qaban keessatti dhalate.

Haati isaa lammii Iskootilaandii yoo taatu, bara 1930 moota keessa gara Yunivarsiitii Oksifoorditti karaa argatte. Yeroos dubartoonni muraasni kolleejjii deemuu danda'u turan. Abbaan isaas Yuuniversitiidhuma Oksifoorditti eebbifame. Qorataa fayyaa Keessatti dhukkuboota tiroopikaalaa irratti ogummaa addaa nama qabu ture. Abbaan Isteefen-Hookiing.

Dhaloonni Hawking yeroo warri isaa maallaqa guddaa hin qabneef haalli jiruuf jireenyaa hin mijoofnetti dhufe. Haalli siyaasaas dhiphina keessa ture. Sababiin isaas, Waraana Addunyaa Lammaffaa fi weerara boombii Jarmanii Landan, Ingiliiz keessatti mudate, bakka hiriyoonni gaa'elaa kun jiraachaa turaniittidha. Yeroos, Firaank Hawking (Obboleessi Isteefen) qoricha irratti qorannoo gaggeessaa ture.

Isobel bakka nageenya qabu barbaaduuf carraaqqii gochuudhaan gara Oksifoorditti deebitee mucaa jalqabaa hiriyoota gaa'elaa kanaa godhatte. Maatiin Hawkings itti fufanii, ijoollee biroo lama Meerii fi Filippaa jedhaman godhatani. Akkasumas

ilmi isaanii inni lammaffaan Edwaard bara 1956tti guddifachaa fudhate.

Maatiin Hawkings, akkuma hiriyaan maatii dhiyoo tokko isaan ibse, tuuta "eccentric" turan. Yeroo baay'ee irbaata callisanii kan nyaatamu si'a ta'u, tokkoon tokkoon isaanii kitaaba Hooking xiyyeeffannaadhaan dubbisaa turani. Konkolaataan isaanii, taaksii Landan durii yoo ta'u, manni isaanii Seent Albaans keessatti argamu, abbaa darbii sadii kan qabu fixer-upper kan guutummaatti sirreeffamee hin beekne ture. Maatiin Hawkings mana gadi aanaa keessa beeylada kan kaa'an yoo ta'u, mana magariisaa keessattis ibidda oomishaniiru.

Bara 1950tti abbaan Hawking Inistiitiyuutii Qorannoo Meedikaalaa Biyyaalessaa keessatti, Kutaa Paraasiitooloojii(Damee Saayinsii waa'ee dhukkuba maxxantootaan dhufanii qo'atu) bulchuuf hojii fudhatee, ji'oota qorraa Afrikaa keessatti qorannoo hojjechaa ture. Mucaan isaa inni angafaa gara qorichaatti akka seenu barbaade; garuu umurii isaa xiqqaatti Hooking fedhii saayinsii fi samii agarsiise.

Haadhasaa ijoolleeshee wajjin yeroo baay'ee galgala gannaa mooraa duubaa diriirsitee urjiilee ol jettee ilaaluuf kun kan mul'ate ture. "Isteefan yeroo hunda miira ajaa'ibaa cimaa qaba ture" jechuun yaadatti. "Akkasumas urjiileen akka isa harkisan arguu danda'eera." Jechuudhaan dubbatti.

Hookingis yeroo baay'ee deemsa irra ture. Obboleettii isaa Meerii waliin, kan ol ba'uu jaallattu, karaa adda addaa gara mana maatii seenuuf qopheessetti. Amala isaa keesaatti nama baay'ee Shubbisuu jaallatudha; Akkasumas doonii oofuu irratti fedhii qaba. Kolleejjii yeroo turettis, garee coxswain ta'e.

Jalqaba jireenya barnootaa isaa irratti Hawking, akka nama qaroo ta'etti beekamtii kan argate ta'us, barataa cimaa hin turre. Waggaa jalqabaa mana barumsaa St. Albans keessatti barate kutaa isaa jalatti sadarkaa sadaffaa ba'e.

Garuu Hooking mana barumsaatiin alatti hojiiwwan hordofuu irratti xiyyeeffate.Tapha gabatee(Table Tennis) ni jaallata. Inniifi hiriyoota dhihoo muraasni taphoota haaraa mataa isaanii uumuun isaanii ni yaadatama. Hooking yeroo dargaggummaa isaatti hiriyyoota isaa hedduu wajjin kutaalee deebi'anii fayyadaman irraa kompiitara walqixxummaa herregaa bu'uuraa furuuf gargaaru ijaaraniiru.

Hooking Yunivarsiitii Oksifoorditti, Kolleejjii Yuunivarsiitii kan seene umurii isaa waggaa 17dha. Fedhii herregaa barachuuf qabu ibsullee, Oksifoordiin ogummaa addaa sanaan digirii hin kennineefi. Kanaaf Hooking gara fiiziksii fi, caalaatti ammoo, koosmooloojiitti harkifate.

Akkaawuntii mataa isaatiin Hawking barnoota isaaf yeroo baay'ee hin galchine. Boodarra giddu galeessaan guyyaatti gara sa'aatii tokkoo mana barumsaa irratti xiyyeeffachuun akka hojjetu shallaga ture. Ta'us garuu dhuguma kana caalaa waan baay'ee hojjechuu hin qabu ture. Bara 1962tti saayinsii uumamaatiin kabajaan eebbifamee, gara Yunivarsiitii Kaambiriijiitti Trinity Hall keessatti barnoota Ph.D. koosmooloojii xummure.

Bara 1968tti Hooking miseensa Inistiitiyuutii Astiroonomii Kaambiriijii

ta'e. Waggoonni itti aanan muraasni Hooking fi qorannoo isaaf yeroo bu'aa qabeessa turani. Bara 1973tti kitaaba isaa jalqabaa, kan teeknikaa olaanaa qabu, *The Large Scale Structure of Space time*, jedhu maxxansiise.

Bara 1979 tti, Hawking Yunivarsiitii Kaambiriijitti deebi'ee of argatee, aachittis hojii barsiisummaan beekamaa ta'uun moggaafame. Bara 1663 irraa eegalee, Piroofeessara Herregaa Lucasian ta'eera.

Bara 1963tti ayyaana waggaa haaraa irratti, Hooking dargaggeettii digirii jalqabaa afaanota Jeen Waayild jedhamtu waliin wal bare. Bara 1965tti wal fuudhani. Hiriyoonni gaa'elaa kun bara 1967tti ilma Roobart jedhamu, bara 1970tti immoo intala Luusii jedhamtu godhatani. Mucaa sadaffaan Ximootewoos jedhamu bara 1979tti dhufe.

Hooking bara 1990tti haadha warraa isaa Jeen dhiisee, narsoota isaa keessaa tokko kan taate nama maqaan ishee Elaine Mason jedhamtu fuudhe. Lamaan isaanii bara 1995tti wal fuudhani. Gaa'elli kun hariiroo Hooking ijoollee ofii isaa waliin qabu irratti dhiibbaa uume, isaanis Elaine abbaa isaanii isaan irraa akka cufte seenaan jireenyasaa ni addeessa.

Bara 2003tti narsoonni Hooking kunuunsan, Elaine abbaa warraa ishee qaamaan miidhaa geessisaa akka turte poolisiif himan. Hooking himannaa kana kan haale yoo ta'u, qorannoon poolisiin gaggeessaa ture addaan cite. Bara 2006tti Hooking fi Elaine wal hiikuuf gaaffii dhiyeessani.

Waggoota itti aananiif ogeessi fiiziksii kun maatii isaatti akka walitti dhihaate himama. Jeen ishee irra deebitee heerumte waliin araarame. Akkasumas intala isaa Luusii waliin asoosama mata duree saayinsii qabu shan daa'immaniif maxxanseera.

Kitaabota Isteefan

Waggoota darban keessatti, Hawking walumaa galatti kitaabota 15 barreesse. Kanneen baay'ee hubatamuu qaban keessaa muraasni:-

A Brief history of time (Seenaa Yeroo Gabaabaa) jedhu kanan Afaan Oromootti hiikaa jirudha.Yeroo gabaabaa booda PDF'n isinan qaqqabsiisa.

Bara 1988tti Hooking kitaaba A Brief History of Time jedhu maxxansuun sadarkaa idil-addunyaatti beekamtii guddaa argate. Kitaabni gabaabaan odeeffannoo qabu kun, seenaa koosmooloojii, ilaalcha waliigaalaa iddoo fi yeroo(Space and Time) jiraachuu Waaqayyoo fi gara fuula duraa dhiheessa.

Hojiin kun battalumatti milkaa'ina kan argate yoo ta'u, waggoota afurii oliif tarree kitaabota London Sunday Times'n gurguraman keessaa sadarkaa tokkoffaa irra ture. Erga maxxanfamee as addunyaa maratti kooppii miliyoonaan lakkaa'amutu gurgurame. Afaanota 40 ol ta'anittis, hiikameera.

Seenaa Gabaabduu Yeroo akkasumas, akka namoonni tokko tokko abdatan hubachuuf salphaa hin turre. Kanaafuu bara 2001tti, Hawking kitaaba isaa The Universe in a Nutshell jedhu hordofee, qajeelfama fakkii guddaa qabu yaada gurguddaa koosmooloojii dhiheesse.

Seenaa Yeroo Gabaabaa

Bara 2005tti, Hawking kitaaba daran dhaqqabamaa ta'e A Brief History of Time

jedhu barreesse. Kunis yaad-rimeewwan ijoo hojii jalqabaa daran salphisee fi guddina haaraa dirree kana irratti mul'atu kan akka ti'oorii hidhaa (Theory of relativity) fa'a tuqe.

Kitaabonni sadan kun waliin, qorannoo fi waraqaawwan mataa Hooking waliin barbaacha dhuunfaa, fiiziksii saayinsii Holy Grail yaada tokkoomsu tokko kan koosmooloojii (qorannoo guddaa) makaaniksii kuwantum (qorannoo xiqqaa) waliin walitti makuun ibsuu danda'u ibsaniiru. Akkaataa uumamni cufaan (Hawaan/Universe) itti jalqabe.

Yaadni hawwii guddaa qabu gosa kanaa Hawking, kan dimension 11n yaaduu nan danda'a jedhu, carraa gurguddaa tokko tokko dhala namaaf akka kaa'u isa dandeessiseera. Imalli yeroo(Time travel) akka danda'amu, akkasumas dhuguma ilmaan namootaa gara fuulduraatti pilaaneetota biroo koloneeffachuu akka danda'an mirkaneeffateera.

Dhukkuba

Hawking umurii isaa waggaa 21tti dhukkuba amyotrophic lateral sclerosis (ALS, ykn dhukkuba Lou Gehrig) jedhamuun qabamuu isaa hubatameera. Miira baay'ee salphaa ta'een, narviiwwan maashaalee isaa to'atan cufamaa turani. Yeroo sanatti hakiimonni waggaa lamaa fi walakkaa akka jiraatu kennan.

Hooking jalqaba yeroo Oxford ture rakkoo fayyaa qaamaa isaa hubachuu jalqabe. Yeroo tokko tokko gufatee kufa, yookaan haasaa isaa ni arrabsa; garuu hanga bara 1963tti waggaa jalqabaa Kaambiriiji turetti, rakkoo kana hin ilaalle. Irra caalaan Hooking mallattoolee kana ofumaaf dhoksee ture.

Garuu abbaan isaa haala kana yeroo hubatu, Hooking fudhatee gara doktoraatti deeme. Torban lamaan itti aananiif barataan kolleejjii ganna 21 kun, mana yaalaa tokkotti tolfattee qorannoo walduraa duubaan taasifameefii ture.

"Saamuda maashaa harka koo irraa fudhatanii, elektiroodii natti maxxansanii, dhangala'aa raadiyoo-opaque tokko tokko lafee dugdaa kootti naqanii, yeroo siree garagalchan, raajii eksireedhaan(X ray) oliif gadi deemuu ilaalani" jechuun, yeroo tokko dubbateera. "Kana hunda booda, dhukkuba maltipilee iskilaaroosisii akka hin taane, akkasumas ani dhukkuba atypical case ta'uu koo malee, waanan qabu natti hin himne" Jedha.

Dhuma irratti garuu, hakiimonni Hooking dhukkuba ALS jalqabaa akka qabu adda baasani. Isaafi maatiisaatiif oduu gaddisiisaa ta'us, taateewwan muraasni guutummaatti, abdii akka hin kutanne isa dhorkani.

Hospitaalatti, gurbaa dhukkuba dhiigaa (leukemia) jedhamu tokko wajjin kutaa tokko keessa jiraachaa ture. Waan namni inni kutaa tokko keessa jiraatu keessa darbaa tureen, wal bira qabamee yoo ilaalamu, Hawking boodarra akka calaqqisiise, haalli isaa caalaatti kan dandamatu fakkaata ture.

Hospitaala keessaa erga bahee yeroo muraasa booda, Hooking ajjeefamuuf akka jiru abjuu arge. Abjuun kun ammas wanti jireenya isaa waliin wal qabatu jiraachuu isaa, akka hubachiise dubbateera.

Karaa tokkoon dhukkubni Hooking gara saayintistii beekamaa inni ta'etti isa gargaareera. Osoo adda baafamuu hin dandeenye dura, Hooking yeroo hunda

barnoota isaa irratti hin xiyyeeffanne ture. “Haalli koo osoo adda hin ba'iin dura jireenyi baay'ee na nuffisiisee ture” jedha. Akkasumallee “Wanti hojjetamuu qabu waan jiru hin fakkaatu ture” jedhe.

PHD isaa argachuuf umurii dheeraa illee jiraachuu dhiisuu akka danda’u, tasa hubachuudhaan, Hooking hojii fi qorannoo isaa keessatti of dhangalaase. To'annoon qaamaa inni qaama isaa irratti qabu hir'achaa akkuma dhufeen, bara 1969tti wiilcheeriitti fayyadamuuf dirqame. Yeroo booda garuu hojiin Hooking yeroo hunda babal'achaa dhufee, haala qaamaa yeroo hunda hammaataa dhufe waliin ture.

Isteefan Hooking Akkamitti Dubbate?

Walakkeessa bara 1970mootaatti maatiin Hawking barattoota Hooking eebbifaman keessaa tokko fudhatanii, kunuunsaa fi hojii isaa bulchuuf gargaaraniiru. Ammallee of nyaachisuu fi siree irraa ka’uu danda’a ture. Garuu, gargaarsa barbaada ture. Kana malees, haasaan isaa baay’achaa dhufee waan tureef, warra sirriitti isa beekan qofatu isa hubachuu danda’a ture. Bara 1985tti tracheotomy hordofee sagalee isaa bara baraaf dhabe.

Dandeettiin Hooking hojii isaa hojjechuus balaadhaaf saaxilee jira. Rakkoon kun xiyyeeffannaa nama sagantaa kompiitaraa Kaalifoorniyaa hojjetu tokkoo kan harkise si’a ta’u, inni sagantaa dubbachuu kan mataa yookaan ijaan qajeelfamuu danda’u hojjetee ture. Kalaqni kun Hooking jechoota iskiriinii kompiitaraa irratti argaman filachuuf kan dandeessise yoo ta'u, isaanis sana booda meeshaa dubbii walsimsiisu keessa darbu.

Yeroo seensa isaatti Hooking ammallee quba isaa fayyadamuu kan qabu yoo ta'u, jechoota isaa cuqaasuu harkaan qabamuun filata. Dhuma irrattis, to'annoon qaama isaa hundi jechuun ni danda'ama waan badeef, Hooking saganticha karaa maashaa qoochoo sensara tokkotti maxxane qajeelche.

Karaa sagantichaa fi gargaarsa gargaartotaa, Hooking saffisa baay'eedhaan barreessuu itti fufe. Hojiin isaa waraqaa saayinsii hedduu of keessaa qaba ture. Garuu odeeffannoo hawaasa saayinsii hin taaneefis baay'ee barreesse.

Fayyaan Hooking yaaddoo yeroo hunda ta'ee hafe. Yaaddoon kun bara 2009 sababa dhukkuba garaatiin, konfiraansii Arizoonaatti gaggeeffame irratti mul'achuu dhabuu isaatiin daran hammaate. Ji'a Eblaa keessa, Hooking kan duraanuu waggoota 30f hojii Piroofeesara Herregaa Lucasian Cambridge irraa booda soorama ba'uu isaa kan beeksise. Boodarra guutummaatti fayyuus, waan qondaaltonni yunivarsiitichaa “dhukkubsa cimaa” jedhanii ibsan ta'uu isaatiin gara hospitaalaatti geeffame.

<u>Qorannoo Yuunivarsii fi Qaawwa Gurraacha(Black Hole) irratti</u>

Bara 1974tti qorannoon Hooking saayinsii keessatti gara nama beekamaatti isa jijjiire, yeroo inni boolla gurraacha irratti taasise,odeeffannoo saayintistoonni yaadan akka hin taane agarsiise.

Jecha salphaadhaan, Hooking maatiriin bifa raadiyaashiniin, humna harkisaa urjii kufe jalaa miliquu akka danda'u agarsiiseera. Dargaggeessi koosmooloojii kan biraa Roojar Peenroos, kanaan dura waa'ee hiree urjiilee fi uumamuu boolla gurraacha argannoowwan bu'uuraa argatee ture. Kunis akkaataa uumamni cufaan itti

jalqabe Hooking ofii isaatii hawwachuu isaatti fayyadame.

Sana booda lamaan isaanii hojii Penrose'n duraan hojjete babal'isuuf waliin hojjechuu jalqabani. Hooking koorsii hojii badhaasa maqaa gaarii fi maqaa adda addaatiin mallatteeffame, kan akkaataa addunyaan waa'ee boolla gurraachaafi uumama cufaa (Universe) itti yaaddu irra deebi'ee boce irratti kaa'ani.

Tiyoorii raadiyaashiniin Hawking yeroo dhalate, beeksisni kun addunyaa saayinsii keessa dambalii rifachiisaa gammachuu erge. Hawking umurii isaa waggaa 32tti miseensa Waldaa Mootii ta'uun kan moggaafame. Boodarra badhaasa beekamaa Albert Einstein Award jedhamuufi kabaja biroo argateera. Akkasumas, Kaalifoorniyaatti kan argamu Caltech keessatti piroofeesara daawwannaa ta'uun, akkasumas Kolleejjii Gonville fi Caius Kaambiriijitti argamutti yeroo barsiisummaa argateera.

Hagayya 2015tti, Hooking konfiraansii Siwiidin keessatti gaggeeffame irratti mul'achuun yaadota haaraa waa'ee boolla gurraachaafi "paradoksii odeeffannoo" nama dhiphisu irratti mari'ate. Dhimma wanta boolla gurraacha keessa seenu maal akka ta'u ilaalchisee, Hawking odeeffannoon waa'ee haala fiizikaalaa wantichaa bifa 2Dn daangaa alaa *event horizon* jedhamuun beekamu keessatti akka kuufamu yaada dhiheesse. Boolli gurraacha mana hidhaa bara baraa yeroo tokko yaadamaa turan akka hin taane hubachuun, odeeffannoon sun gara yuunivarsii biraatti gadhiifamuu akka danda'u carraa banaa dhiise.

Jalqaba Qabaachuu Hawaa

Gaaffii fi deebii Amajjii 2018 Neil deGrasse Tyson's Star Talk irratti taasisaniin, Hooking mata duree "Big Bang dura maaltu ture?" jedhu ilaalchisee, waanti naannoo sana jiru akka hin jirre ibseera. Innis mala Yuukiliidii harkisa kuwantum irratti hojiirra oolchuudhaan, kan yeroo dhugaa yeroo yaadame bakka bu'u, seenaan uumama cufaa akka fuula qaxxaamuraa diimeshinii afur qabuufi daangaa hin qabne fulla'a

Yeroo yaadame fi yeroo dhugaa akka Utubaa Kibbaa Lafaa irraa jalqabutti yaaduudhaan dhugaa kana fakkeessuuf yaada dhiheesse, qabxii hawaa-yeroo(Space-Time) bakka seera idilee fiiziksii itti qabatu; akkuma wanti "kibba" Utubaa Kibbaa hin jirre, akkasumas Big Bang dura wanti hin tokkollee hin turre.

Hawaa fi Imala Hawaa

Bara 2007tti Hawking umurii isaa waggaa 65tti imala hawaa irratti tarkaanfii barbaachisaa fudhate. Giddugala Hawaa Keeneedii Filooriidaa yeroo daawwatu carraan naannoo harkisa lafaa hin qabne.

Sa'aatii lamaaf galaana Atlaantiik irra deemuu keessatti, Hooking, imaltuu xiyyaara Boeing 727 fooyya'e irra ture.Ulfaatina dhabuu dhoo'uuf wiilcheerii isaa irraa bilisa ba'e. Suuraaleen hayyuu fiiziksii bilisaan lola'aa jiran kanaa gaazexoota addunyaa irratti faca'ani.

"Kutaan zeeroo-G ajaa'iba ture, kutaan G ol'aanaa immoo rakkoo hin qabu ture. Silaa itti fufee itti fufuu nan danda'a ture. Hawaa, kunoo dhufe!" jedhe.

Hooking turistoota hawaa qajeelchitoota Sir Richard Branson keessaa tokko ta'uun, gara qarqara hawaatti balali'uuf beellama qaba. Ibsa bara 2007 baaseen "Jireenyi

lafarra jiru balaa, kan akka tasaa ho'ina addunyaa, waraana niwukilaraa, vaayirasii jeneetikiidhaan hojjetame yookaan balaawwan birootiin haxaa'amuuf balaa yeroo hunda dabalaa dhufe keessa jira. Sanyii namaa lakki hin qabu jedheen yaada. gara fuula duraatti yoo gara hawaatti hin deemne. Kanaaf fedhii ummataa hawaa irratti qabu jajjabeessuun barbaada”

Qorannoo Jim Parsons waliin waa'ee 'The Big Bang Theory' irratti geggeesse.

Isteefen Hooking Fiilmii fi TV irratti mul'ate. Aadaa beekamaa keessatti weerarri inni godhe, The Simpsons, Star Trek: The Next Generation irratti keessummaa ta'ee mul'ateera. Qoosaa Jim Carrey dabalatee, beekkamtii guddaa gonfate.

Bara 1992tti, hojjetaan fiilmii Oskaar injifate. Errol Morris waa'ee jireenya Hooking dokumeentii mata duree sirrii ta'een A Brief History of Time jedhuun gadhiise. TV fi fiilmii irratti kan mul’atan biroo kanneen akka Ti'oorii Big Bang fa'i.

Bara 2012tti Hooking televijiinii Ameerikaa irratti gama qoosaa isaa agarsiisee, *The Big Bang Theory* irratti keessummaa ta'ee mul'ate. Koomeedii beekamaa kana irratti waa'ee garee saayintistoota dargaggootaa, taatoo(geeky) ofii isaa taphate. Hooking fiiziksii ti'oorii Sheldon Cooper (Jim Parsons) hojii isaa keessatti dogoggora erga argateen booda, gara lafaatti deebise.

Bara 2011tti Isteefan Hooking

Meeshaa haaraa akkaataa mataa irratti hojjetamee fi Brain jedhamu yaalame irratti hirmaatee ture. Meeshaan kun yaada nama uffate sanaa "dubbisuuf" kan qophaa'e yoo ta'u, kunis "dambalii mallattoo sammuu elektirikii" fudhachuunidha. Sana booda algoritmiin addaatiin hiikamuu isaa barreeffamni The New York Times irratti ba'e ni mul'isa. Meeshaan kun namoota ALS qabaniif gargaarsa warraaqsaa ta'uu danda'a.

Isteefan Hooking fi AI(Artifitial Intelligent/Hubannoo Nam-tolchee)

Bara 2014tti, Isteefan Hooking saayintistoota olaanoo biroo keessaa, waa'ee balaa sammuu fi AI mudachuu danda'u irratti dubbate. Qorannoon dabalataa AI-n fiduu danda'u hunda irratti, akka hojjetamu gaafateera. Yaadni isaanii kun fiilmii Jooni Deep fiilmii Transcendence jedhamu kan waldhabdee dhala namaa fi teeknooloojii gidduutti mul'atu irraa kaka'umsa argateera.

“AI uumuuf milkaa'inni seenaa dhala namaa keessatti taatee guddaa ta'a” jechuun, saayintistoonni kunneen barreessaniiru. Wanti nama dhibu, balaa irraa akkamitti akka of qusannu yoo baranne malee, isa dhumaa ta'uu danda'a. Gareen kun yeroo teknooloojiin kun gabaa faayinaansii caalu, qorattoota namaa kalaquu, hoggantoota dhala namaa to'achuu, fi meeshaa waraanaa nuti hubachuu illee hin dandeenye hojjechuu akka ta'u akeekkachiiseera.

Isteefan Hooking ejjennoo kana irra deebi’ee kan dubbate, Adoolessa bara 2017 konfiraansii teeknooloojii Lisbon, Poortugaal keessatti gaggeeffame irratti yoo ta’u, AI'n hiyyummaa fi dhukkuba haxaa’uu keessatti akkamitti bu’aa argachuu akka danda’u, garuu tarkaanfiiwwan ti’ooriidhaan balleessan kanneen akka qophii meeshaa waraanaa of danda’e qopheessuu akka danda’u

hubachiise. "AI-n daangaa hin qabne gargaaramuu, yookaan ittiin tuffatamee cinaatti hafuu, yookaan akka yaadamutti ittiin balleessuu beekuu hin dandeenyu"

Hawwaa fi Aliens/Uumama nama caalaa humna qabu, kan Hawaa keesaatti argamu.

Ji'a Adoolessa 2015 keessa Isteefan Hooking pirojektii Breakthrough Listen jedhamu jalqabuu isaa, Landanitti ibsa gaazexeessitootaaf kenneerratti dubbateera. Abbootii qabeenyaa Raashiyaa Yuri Milneriin maallaqaan kan gargaarame Breakthrough Listen qabeenya dabalataa argannoo lubbuu addunyaa ala jiruuf kennuudhaaf kan uumamedha.

Interneetii cabsuu

Waxabajjii bara 2017 Yuunivarsiitiin Kaambiriiji barruu doktorummaa Isteefan Hooking bara 1965 barreesse, "Properties of Expanding Universes" jedhu marsariitii isaa irratti maxxanseera. Gaaffiin qaqqabummaa guddaa ta'e battalumatti sarvarii yunivarsiitichaa kuffiseera; haa ta'u malee, sanadni kun ammallee guyyaa jalqabaa isaa toora interneetii irratti osoo hin xummuramiin dura ilaalcha ajaa'ibaa 60,000 galmeesse.

Isteefan Hooking Yoom Du'e?

Amajjii 14, 2018 Hawking dhumarratti dhukkuba ALS jedhamu kan nama ajjeesuu danda'uun du'e. Dubbi himaan maatii saayintistiin beekamaan kun mana isaa biyya Ingilizii Kaambiriijitti argamutti akka du'e mirkaneessaniiru.

Oduun kun dirree isaa fi sanaa ol hedduu tuqe. Ti'oorii Fiiziksii fi barreessaa waliin ta'u Lawrence Krauss tiwiitara isaa irratti: "Urjiin tokko amma koosmoos keessa baate. Ilma namaa ajaa'ibaa dhabneerra. Hawking waggoota 76f gootummaan koosmoos lolee fi leenjisee, dhuguma kabajuun maal jechuu akka ta'e hunda keenya waan barbaachisaa ta'e nu barsiise" Jechuun maxxanseera. waa'ee nama ta'uu.

Ijoolleen Hawking itti aansuun ibsa kennaniin, "Abbaan keenya jaallatamaan har'a du'aan boqochuu isaaniitti baay'ee gaddineerra. Saayintistii guddaa fi nama addaa hojii fi hambaan isaa waggoota dheeraaf jiraatu ture. Hamilee fi ciminni isaa qaroo fi qoosaa isaatiin kakaase namoota addunyaa guutuu jiran.Yeroo tokko Osoo namoota ati jaallattu mana ta'uu baatee baay'ee uumama cufaa hin ta'u ture" jedheera. Bara baraan isa dhabna" jedhani.

Awwaalli isaas, Landan keessatti Westminster Abbey iddoo saayintistoonni akka Isaac Niwuton fi Chaarles Daarwin awwaalaman cinatti akka awwaalamu beeksifame.

Caamsaa 2, 2018 barruu isaa isa dhumaa, mata duree "Qaala'iinsa bara baraa irraa haala salphaan ba'uu" jedhu Joornaalii Fiiziksii Annisaa Ol'aanaa irratti maxxanfame. Gabaasni haaraan kun du'a isaa guyyoota 10 dura kan dhiyaate yoo ta'u, hayyuu fiiziksii lammii Beeljiyeem Toomaas Hertog waliin kan barreesseedha.

Dhaamsa

Seenaa kanarraa wanta gurguddaa lama barachuu dandeenya. Isaanis:-

1.Namni akka har'a bareedu, daangaa namatti darbu boodni isaa akka hin beekamne.

2. "Ani Qaama-miidhamaadha!" jedhanii waan hundarraa of qusachuu otoo hin

taane, Qaamni namaa miidhamus, sammuudhaan wanta guddaa hojjechuu akka qaama miidhamtoonni danda'an nama barsiisa.

Wabii

https://www.wikipedia.org/stephen-Hawking/Biography

https://www.biography.com/Scientist/Stephen-hawking

Jildii 15ffaan itti fufa……..

Dubbistanii yaada nuuf kennuu keessaniif, guddaa galatoomaa!